

سُورَةُ مَرْيَمَ
Suuraa Maryam

*Dura dursoo suuran tun Suuratu {maryam} je'anti .

قبل كل شيء هذه سورة مريم

*Isiin suuraa makkaati aayata {sujuudaa} malee ,ammallee aayata71 malee aayanni lamaan kun kan madiina'aatii.

هذه سورة مكية إلا آية سجدة ٧١

والآيتان هما مدينتان

*Aayaanni isi'ii sagaltamii saddeete

وآياتها ثمانية وتسعون

*Lakkooyi isi'ii 19.

وترتيبها {١٩}

*Isiin eega Suuraa {faaxirii} buute

نزلت بعد سورة فاطر

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbiitii kan Rahmata xiqqa'aa gudda'aan waan uume qananiisu .

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1}*Ma'naa jecha kanaa, Rabbumaatu beeka .

كَهَيْعَصَ ١

2}*Inni kun qissaa Rabbiin kee gabricha isaa zakariyya'aa rahmata godhu'uuti .

ذَكَرْ رَحْمَتِ رَبِّكَ عَبْدَهُ زَكَرِيَّا ٢

3}*Gaafni Rabbiin isaaf rahmata godhe,

إِذْ نَادَى رَبَّهُ نِدَاءً خَفِيًّا ٣

gaafa inni Rabbii isaa yaammate yaaminsa dhoysa'aa,halkan keessa du'aa'ii yookaa kadhaa halkaniitu irra qeebalamaa.akka nabi Muhammad du'aa'ii salaata boodatiifii ta halkan keessatu irra qeebalama je'an .

*Wanni je'ee Rabbi khadhate yaa Rabbi lafeen tiyya hundi narraa laafte,

قَالَ رَبِّ إِنِّي وَهَنَ الْعَظْمُ مِنِّي

*Arriin mataa kiyya wal geesse. an sin khadhathuu fedhaa

وَأَشْتَعَلَ الرَّأْسُ شَيْبًا

4}*Tanaan dura, takkaa si khadhee sirraan hoongoynee, tana boodallee nan hoongessinii .

وَلَمْ أَكُنْ بِدُعَائِكَ رَبِّ شَقِيًّا ٤

*An jara aanaa khiyyaa sodaadheen jiraa.

وَإِنِّي خِفْتُ الْمَوْلَى

*Eegan an du'ee dabree diin kiyya eeguu dhabanii, hadiyyo'otti dhiisanii badu'un sodaadhee, akkan banii israa'il keessatti arge .kan diinaa eeguu oolani,diin bachiisan takkaayuu balleessan

مِنْ وِرَائِي

*Jaartin tiyya masheenaa hin dhaltuu.

وَكَانَتْ أَمْرًا قَاصِرًا

5} *If biraa ilma naa kenni .

فَهَبْ لِي مِنْ لَدُنْكَ وَلِيًّا ٥

*Ilma anbiyummaa narraa dhaalu .

يُرْتِي

*Kan aalii ya'quubirraa beekkomsaafii nab-
iyyummaa dhaalu .

وَيَرِثُ مِنْ آلِ يَعْقُوبَ وَيَرِثُ مِنْ آلِ يُعُوبَ

6} *Yaa Rabbii kiyya nama gaarii ati irraa
jaalattu godhi

وَأَجْعَلْهُ رَبِّ رَضِيًّا ٦

*Duuba Rabbiin rahmata godheefii , kadhaa
isaa irraa qeebalee akki je'een yaa nabi za-
kariyyaa nuti ilma si dhaalun si gamma-
chiifna ilma maqaan isaa {yahgya'aa},

يُنْزِكُ رَبِّيَ إِنَّا نُنْشِرُكَ بِعِلْمِ اسْمِهِ يَمْحَى

7} *Kan san dura nam tokkolleen maqaa
kanaa hin yaamamin .

لَمْ يَجْعَلْ لَهُ مِنْ قَبْلُ سَمِيًّا ٧

*Jennaanin yaa Rabbi akkamittan ilmoo
argadha.

قَالَ رَبِّ إِنِّي كُوفٍ لِي غَلْمٌ

*Jaartin tiyya tan dhalle turtee .

وَكَانَتْ أَمْرًا قَاصِرًا

8} *An dulloomu keessa qaamni ammo-
ggoge? gaafas bara dhibbaafii diiddama jira,
ammoo jaartin sagaltamii saddeet jirti

وَقَدْ بَلَغْتَ مِنَ الْكِبَرِ عِتِيًّا ٨

*Duuba Rabbiin akki je'een isinumaa akka-
siitan, ilma isin lamaanirraa uuma.

قَالَ كَذَلِكَ

*Ammas Rabbiin kee akki je'e: ilma isin-
irraa uumun waan narratti laafu, waan nan
dhibne .

قَالَ رَبُّكَ هُوَ عَلَى هَيْنٍ

9} *Atuu san dura, kan wahi hin je'amnen si
uume ati , odo'on sin uumin maal je'amta?.

وَقَدْ خَلَقْتَكُ مِنْ قَبْلُ وَلَمْ تَكُ شَيْئًا ٩

*Jennaan yaa Rabbi asxaa jaartin tiyya ulf-
aayu'uu naa godhi je'een .

قَالَ رَبِّ اجْعَلْ لِي آيَةً

10} *Jennaanin Rabbiin akki je'een alaaman
tee halkan sadii guutuu nama dubbisuu da-
dhabuu sumaa fayyaa qabu.yoo zikrii Rabbii
taate malee .

قَالَ يَا بَنِي آدَمَ لَا تَكْلِمُوا النَّاسَ ثَلَاثَ لَيَالٍ

سَوِيًّا ١٠

*Duuba bakka itti salaatu masjidarraa Um-
mata ,isaa,kan masjidida, duraa banuu, isarra
eegutti gad bayee duraa banee waan masjidida

فَخَرَجَ عَلَى قَوْمِهِ مِنَ الْمِحْرَابِ

keessa galoof jecha ,kan dur hogga duraa
bane, isaan dubbisu, dubbisuu dadhabee
11}*Qubaan isaanii akkeekkee ,ganamafii

فَأَوْحَىٰ إِلَيْهِمْ أَن سَبِّحُوا بُكْرَةً وَعَشِيًّا ﴿١١﴾

galgala tasbiihga Rabbii godhaa,takkaayuu salaata,nan eeginaa je'een. duuba
saniin nabi zakariyyaan,akka jaartin isaa ulfooyte beekhe .duuba eega ilmi ma-
qaan yahgya'aa isaaf dhalatee amata lamatti Rabbiin wanni isaan je'e.

*Yaa yahgyaa kitaaba { towraat} je'amu ja-
beessii qabadhuu waan inni je'utti dalagi .

يَنحِيئِي خُذْ الْكِتَابَ بِقُوَّةٍ

12}*Nabi yahgya'aaf,nabiyyummaa, isaa jo-
olle'eeti kennine isaa amata sadii jiru

وَأَتَيْنَاهُ الْحُكْمَ صَبِيًّا ﴿١٢﴾

*Ammallee namaaf nayuu rahmata rahm-
ata namaaf godhuu isaaf kenninee jirra.

وَحَنَانًا مِن لَّدُنَّا

*Akka barakaa namaaf tayu isa goone .ta-
kkaa isaanirratti sadaqatuu isa qunnamsiifne,
tola oolefii if biraa.

وَزَكَاةٌ

13}*Inni nama Rabbi sodaatu kan dilii da-
laguu dhiisee,waan dilii taye hin yaadin .

وَكَانَ تَقِيًّا ﴿١٣﴾

*Kan haadhaa abbaa isaatif tole .

وَبِرًّا بِوَالِدَيْهِ

*Inni nama if tuulu hin taane.

وَلَمْ يَكُنْ جَبَّارًا

14}*Inni nama cubbuu Rabbii dalagee miti

عَصِيًّا ﴿١٤﴾

*Nageenyi keenya guyyaa inni dhalate isa-
rratti haa jiraatu .

وَسَلَّمَ عَلَيْهِ يَوْمَ وُلِدَ

*Guyyaa du'us isarratti haa jiraatu azaaba
qabri'irraa nagaya haa argatu jechu'.

وَيَوْمَ يَمُوتُ

15}*Guyyaa khaafamus nageenyi isarratti
haa jiraatu

وَيَوْمَ يُبْعَثُ حَيًّا ﴿١٥﴾

*Qur'aana keessatti oduu maryam dubbadhu

وَأَذْكُرُ فِي الْكِتَابِ مَرْيَمَ

*Gaafa isiin warra isi'irraa kophaa baate

إِذْ أَنْتَبَذَتْ مِن أَهْلِهَا

16}*Mana isaanirraa,bakka gama bayaa

مَكَانًا شَرْقِيًّا ﴿١٦﴾

jirtu dhayxe mana jaarsa,indooyyee yookaa haboo isi'ii nabi zakariya'arraa
gama bayaa. takkaa beytulmaqdisirraa gama bayaa bakka takka kophaa isi'ii
teesse .

*Akka ummanni isiin agarre, girdoo yookaa dawoo godhatte mataa filatu'uuf, yookaa qaama dhiqatu'uuf jecha. takkaa huccuu micc-
atu'uuf jecha

*Duuba eega isiin huccuu uffattee, jibriil itti ergine { ruuh } jibriilii .

17}*Duuba suuraa nama guutu'uu, tayee, itti mul'ate.

18}*Hoggaa inni suuraa dardara bareeda'atin itti mul'atu,na tuqaa sodaattee ifirraa hadartee akki jette, an Rabbittin sirraa maganfadhaa,yoo kan Rabbi sodaattu taate nan tuyxuu narraa fagaatta,waanin sirraa Rabbitti maganfadheef jetteen.

*Jennaanin akki je'een,an bar, ergaa Rabbii keetitii, isaatu sitti na ergee,

19}*Akka ilma gaarii nabiyyii tayu sii kennuuf.

*Jannaan akkamittan ilma argadha,

*Odo'on heerumee dhiirti nan tuqin,

20}*Sharmuuxa yookaa gumnaa hin taanee

*Akkasittin Rabbiin abbaa male'en ilma sii kenna siin je'e ,

*Abbaa malee ilma sii kennuun natti waan laaftu'uu,aadamuu haadhaa abbaa malee, hawwaa haadhaa maleen uumee,

*Ammas akka ilma sii kenninu san ragaa dandeytii teenyaa namaaf goonu'uufi, sii kennina,

*Akka warra isatti amaneef rahgmata tayuufi,

21}*Ilma abbaa malee sirraa uumun waan Rabbiin hakamee , yookaa muree dabarsee je'eenii, akkasitti jibriil mormoo qamisa isi'itti hafuura afuufee hafuurri isaa jalaan gadaamessa isi'ii seenee.

فَاتَّخَذَتْ مِنْ دُونِهِمْ حِجَابًا

فَأَرْسَلْنَا إِلَيْهَا رُوحَنَا

فَتَمَثَّلَ لَهَا بَشَرًا سَوِيًّا ﴿١٧﴾

قَالَتْ إِنِّي أَعُوذُ بِالرَّحْمَنِ مِنْكَ إِنْ كُنْتَ تَقِيًّا ﴿١٨﴾

قَالَ إِنَّمَا أَنَا رَسُولُ رَبِّكِ

لِأَهْبَبَ لَكَ عَلِمًا لَكِيًّا ﴿١٩﴾

قَالَتْ أَنَّى يَكُونُ لِي غُلْمٌ

وَلَمْ يَمَسَّ سِنِي بَشَرٍ

وَلَمْ أَكُ بَغِيًّا ﴿٢٠﴾

قَالَ كَذَلِكَ قَالَ رَبُّكِ

هُوَ عَلِيُّ هَيِّنٌ

وَلَنَجْعَلَنَّ لَهُ آيَةً لِلنَّاسِ

وَرَحْمَةً مِنَّا

وَكَانَ أَمْرًا مَقْضِيًّا ﴿٢١﴾

*Ulfooytee,

فَحَمَلَتْهُ

22} *Ulfooynan ulfa saniin ummata isi'ii baqattee bakka fagoo dheyxee dhokhatte sun bakka amma {beytu lahgam} je'aniinii jaa-rsa malee ulfooyte je'eeti namni na arr-absa'aaf

فَأَنْبَدَتْ بِهِ مَكَانًا قَصِيًّا ﴿٢٢﴾

*Duuba achitti isii khophaa jirtu ciniimmun qabdee,

فَأَجَاءَهَا الْمَخَاضُ

*Muka timiraa isii qabchiiifte , akka qab-attee ittantuuf jecha, akkasitti saa'uma takka kheessatti ulfooytee ulfi guddatee dhalte {beyti lahgmitti} gaafas umriin isi'ii amata kudhanii,

إِلَىٰ جَنَاحِ النَّخْلَةِ

*Duuba hoggaa deessee gurbaa gartu wanni jette: yaa Rabbi oduman tanaan dura du'ee ,

قَالَتْ يَا لَيْتَنِي مِتُّ قَبْلَ هَذَا

23} *Waan hin jirre tan irraanfatamte tayee, takkaa oduman uumamuu baadhee jette, wanni du'aa hawwiteef , odoo wanni kun dalagaa Rabbiitii beytuu namni nan dhugo'-oomsuu soda'aafi.

وَكُنْتُ نَسِيًّا مَنَسِيًّا ﴿٢٣﴾

*Duuba isiin cinqamuu garraan jibriil isi'ii gadii isi'itti lallabee, takkaa mukha timiraa jalaa itti lallabee, akki je'een,

فَنَادَاهَا مِنْ تَحْتِهَا

*Hin yaaddawin, nyaatafii, dhugaati'iifii, wa-an berralle'ee hin cinqamin, Rabbiin si wajji jiraa isaatu si razaqaa,

أَلَّا تَحْزَنِي

24} *Hunoo laga goggogaa cite sii yaasee dhugi.

فَدَجَعَلَ رَبُّكَ تَحَنُّكَ سِرِيًّا ﴿٢٤﴾

*Muka timiraa goggogaa jala teessu kana qabii hurgufi jiidheti dhalee,

وَهَزَىٰ إِلَيْكَ بِجَنَاحِ النَّخْلَةِ

25} *Asheeta timiraa siif harcaasaa.

تَسْقُطُ عَلَيْكَ رَطْبًا جَنِيًّا ﴿٢٥﴾

*Timira asheetaa nyaadhuu , bishaan laga Rabbiin siif yaase sanirraa dhugii,

فَكُلِّي وَأَسْرِبِي

*Ilma Rabbiin siif kenne kanaan gammadi, hin rifatini,

وَقَرِّي عَيْنًا

*Yoo nam tokko kan mucaa kanarraa si gaafatu garte,

فَأِمَّا تَرِينَ مِنْ الْبَشَرِ أَحَدًا

*An Rabbii je'eetan waan dubbii tayerraa if qabee, soomanee,

26} *Ar'a ,amma eegu,waan nama taye hin dubbisu jettee call'ifte.

*Duuba ilma isi'ii ummata isi'itti fidde,

*Duuba hoggaa argan,akki je'an yaa maryam dhugumaan dalayde,

27} *Waan gurra nama cabsu, ilma abbaan qabne dhaluudhan .

*Yaa obboleettii haaruun, haaruun nama

gaarumma'aan ummata isi'ii keessatti beekkame malee obboleessa isi'itii mitii, haa tayuu isiin tola keessatti,akka isaa taanan, yaa obboleettii haaruun je'aniin, akki je'aniin,

*Abbaan kee nama bada'aa miti, sharmuxaa miti, jechuudha ,

28} *Haati tee gumna'aa mitii, eessumaa kana fidde je'aniin.

*Gurbaa kana dubbisaa jettee itti quba laatte ,takkaayuu akheekhte,hoggaa san aaranii,

29} *Wanni je'an:akkamitti nama amma dhallatee siree jolle'ee keessa jiru dubbifna? kan dubbii hin gayin duuba gurbaan isaan dhageenyan, harma duraan hodhu'utti jiru dhiisee ol godhatee

*An gabricha Rabbiiti je'een

*Rabbiin kitaaba injiil je'amu naa kenne,

30} *Ammallee nabiyyii na godhe .

*Kanin bakkan jiru hundatti , akkaan nama fayyadu , nama dhukkubsate wal'aanu'uun kaan qajeelchu'uun .

*Rabbiin kiyya salaataatti na ajajee jira .

*Zakaata baafatu'utti na ajajee jira .

31} *Waan jiruun .

فَقُولِي إِنِّي نَذَرْتُ لِلرَّحْمَنِ صَوْمًا

فَلَنْ أَكَلِمَ الْيَوْمَ أَنسِيًّا ﴿٢٦﴾

فَأَتَتْ بِهِ قَوْمَهَا تَحْمِلَةً .

قَالُوا يَا مَرْيَمُ لَقَدْ جِئْتِ

شَيْئًا فَرِيًّا ﴿٢٧﴾

يَتَأَخَذَ هُنُورًا

مَا كَانَ أَبُوكَ أَمْرًا سَوًّا

وَمَا كَانَتْ أُمُّكَ بَغِيًّا ﴿٢٨﴾

فَأَشَارَتْ إِلَيْهِ

قَالُوا كَيْفَ نُكَلِّمُ مَنْ كَانَ فِي الْمَهْدِ صَبِيًّا ﴿٢٩﴾

قَالَ إِنِّي عَبْدُ اللَّهِ

ءَاتَانِي الْكِتَابَ

وَجَعَلَنِي نَبِيًّا ﴿٣٠﴾

وَجَعَلَنِي مُبَارَكًا أَيْنَ مَا كُنْتُ

وَأَوْصَانِي بِالصَّلَاةِ

وَالزَّكَاةِ

مَا دُمْتُ حَيًّا ﴿٣١﴾

*Nama haadha tiyyaa tolu na godhee jira .

وَبَرًّا بِوَالِدَيْ

*Nama if tuulu , yookaa if guddisu nan goone

وَلَمْ يَجْعَلْ لِي جَبَّارًا

32} *Nama badaa roorrisaa nan goone .

شَقِيًّا ﴿٣٢﴾

*Nageenyi Rabbii guyya'an dhaladhe narratti haa jiraatu

وَالسَّلَامُ عَلَيَّ يَوْمَ وُلِدْتُ

*Guyya'an du'us narratti haa jiraatu

وَيَوْمَ أُمُوتُ

33} *Guyya'an jiraadhee qabri'ii kaafamus narratti haa jiraatu. Dubbiin nabi iisan isaa amma dhalte kan dubbii hin gayin dubbate asitti dhumte. duuba Rabbiin akki je'e .

وَيَوْمَ أُبْعِثُ حَيًّا ﴿٣٣﴾

*Inni waan dubbaneen beekkame sun {iisaa} ilma maryami. kan waan taye if hime an gabricha Rabbiitii ergamaa isaati je'ee

ذَٰلِكَ عِيسَى ابْنُ مَرْيَمَ

*Wanni nabi iisan je'e waan dhuga'aa , kan haqaati

قَوْلِكَ الْحَقِّ

34} *Inni nabi {iisaa} isa keessatti yahuuda`-

الَّذِي فِيهِ يَمَتُّونَ ﴿٣٤﴾

aafii nasaaran wal dhabdee dhamaate. yahuudan ilma zina'aa wa'elaa jetteen. Nasaaran abbaa malee dhalatee ilma Rabbiiti jette. duuba dubbiiin haqaa dubbii {iisa'aa} keessatti inni gabricha, Rabbiin dandeytii isaatin. abbaa malee hafuura jibriil, garaa maryam keessatti afuuferraa uume . abbaa malee haadharra dhalaatuun, ilma Rabbii isan gootu. Adamuu kan haadhaa abbaa malee uumame wahi ilma Rabbii je'amaa.

*Rabbiin ilmoo qabaatun waan isaan malu miti sun waan ir'ummaa beysisuu. ilmoo go-dhatuun sifa Rabbiitii miti, waan isaan hin malle .

مَا كَانَ لِلَّهِ أَنْ يَتَّخِذَ مِنْ وَلَدٍ

*Rabbiin sanirraa qulqullu'uu

وَسِبْحَانَهُ

*Rabbiin hoggaa waa argamsiisu fedhe

إِذَا قَضَىٰ أَمْرًا

35} *Waan argamsiisuu fedhe saniin taye

فَإِنَّمَا يَقُولُ لَهُ كُنْ فَيَكُونُ ﴿٣٥﴾

je'aa hoggasuma taati. duuba {iisaa} uumunis tayi jechumaan tayee uumamee akkuma waan birraa kan tayiidhan uumamee, akkamiin ilma Rabbii taya ? Rabbiin tayi jecha'aan waan fedhe uumu akkamiin jaartii fuudhee ulfeessee ilmoo

isa gargaartu irraa horu'utti haajama? Rabbiin kanarraa qulqullu'u inni dure-
essa waa takka hin haajamne .

*Nabi iisan isaa joolle'ee kan dubbatuu hin
gayin dubbatee ummata isaatin akki je'e
waaqni Rabbii khiyyaafii kheessanii ,akku-
ma isin uume na uumee.

وَإِنَّ اللَّهَ رَبِّي وَرَبُّكُمْ

*Isuma ibaadaa gabbaraa tokkummaa isaa
yaadaa jaarti'iifii ilmo'orraa qulqulleessaa
36}*Yaanni kun karaa qajeelaa jannatatti
nama geessuu

فَاعْبُدُوهُ

هَذَا صِرَاطٌ مُسْتَقِيمٌ ﴿٣٦﴾

*Duuba kanumaan wajji tuutti yahuuda'a

فَأَخْلَفَ الْأَخْرَابَ مِنْ بَيْنِهِمْ

atifii, nasaara'aa dubbii nabi iisa'aa keessatti wal dhabde yahuudan darajaa isaa
gad buuftee ,ilma gumna'aati jette.nasaaran darajaa isaa ol fuuteti Rabbitti
ideate ,maalif nasaaran bakka heddu'utti baati.tuutti nasaara'aa gariin inni Rabbi
jetti gariin ilma Rabbiiti jetti gariin sadeessaa Rabbiiti jetti gariin gabricha
Rabbiiti jetti. haa tayuu isaan kun nabi Muhamaditti amanuu didaniiti saniin
kafaran.

*Warra isaanirra kafareef azaaba jaba'aatu
jira .

فَوَيْلٌ لِلَّذِينَ كَفَرُوا

37}*Guyyaa jabaa dirree qiyaama'aa dhufa-
nii humniti isaanii ragaa itti baatu

مِنْ مَّشْهَدٍ يَوْمٍ عَظِيمٍ ﴿٣٧﴾

*Maalumaatu akkatti guyyaa san dhageytii
isaanii jabeesse

أَسْمِعْ بِهِمْ

*Maalumaatu akkasitti argaa isaanii guyyaa
qiyaama'aa jabeesse.

وَأَبْصُرْ

*Guyyaa qiyaama'aa kan nutti dhufan gaafas
dhageyti'iifii argaan isaanii jabduu akka si-
biilatti

يَوْمَ يَأْتُونَنَا

38}*Haa tayuu warri Rabbitti kafare ar'aa

لَكِنَّ الظَّالِمُونَ الْيَوْمَ فِي ضَلَالٍ مُبِينٍ ﴿٣٨﴾

addunya'arratti jallina mul'ataa keessa jiran kan jallina saniin haqa dhagay-
u'urraa duudanii isa argu'urraa jaaman mee ajaa'ibaa godhaa warra waan ar'a
arguu dadhabe boru argu .

*Kuffaara sodaachisi .

وَأَنْذِرْهُمْ

*Azaaba guyyaa sheena'aa sun guyyaa
qiyaama'aatii .

يَوْمَ الْحَسْرَةِ

*Gaafa azaabni itti murame .

إِذْ قُضِيَ الْأَمْرُ

*Kan isaan addunya'arratti dagatan .

وَهُمْ فِي غَفْلَةٍ

39} *Isaan hin amanan waan daguu keessa jiraniif

وَهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ ﴿٣٩﴾

*Nuti dachi'iifii waan isi'irra jiru hunda ni dhaalla eega isaan lafarra fin'ee .

إِنَّا نَحْنُ نَرِثُ الْأَرْضَ وَمَنْ عَلَيْهَا

40} *Wanni hundi gara keenya deebiti gaaf-atamu'uuf

وَالَّذِينَ يَرْجِعُونَ ﴿٤٠﴾

*Qur'aana keessatti Nabi ibraahiim du-badhu.

وَأَذْكُرُ فِي الْكِتَابِ إِبْرَاهِيمَ

41} *Inni nabiyyi'i inni nama dhugaa keessa hoonga gaye.waan je'uufii,waan dalaguufii, haala isaa hunda keessatti nama dhuga'aan deemu

إِنَّهُ كَانَ صِدِّيقًا نَبِيًّا ﴿٤١﴾

*Gaafa abbaa yookaa adeera isaatin je'e .

إِذْ قَالَ لِأَبِيهِ

*Yaa abbaa khiyya.

يَتَأْت

*Maalif mukka hin dhageenye, kan hin agarre gabbarta Rabbi godhattee,

لَمْ تَعْبُدْ مَا لَا يَسْمَعُ وَلَا يُبْصِرُ

42} *Waan waa takkarraa sin duroomsine.

وَلَا يُغْنِي عَنْكَ شَيْئًا ﴿٤٢﴾

*Yaa abbaa khiya .

يَتَأْت

*An beekkomsa siin dhufiniitu Rabbirraa naa dhufee

إِنِّي قَدْ جَاءَ فِي مِنَ الْعِلْمِ مَا لَمْ يَأْتِكَ

43} *Na jala deemi karaa qajeela'arran si khaayaa sin qajeelchaa .

فَاتَّبَعْنِي أَهْدِكَ صِرَاطًا سَوِيًّا ﴿٤٣﴾

*Yaa abbaa khiyya sheyxaana hin ibaa-din ,hin gabbarin.isa dhageessee mukha ibaadu'uun.

يَتَأْتِ لَا تَعْبُدِ الشَّيْطَانَ

44} *Sheyxaanni Rabbitti dilaayuu heddo-meysaa

إِنَّ الشَّيْطَانَ كَانَ لِلرَّحْمَنِ عَصِيًّا ﴿٤٤﴾

*Yaa abbaa khiyaa an yoo waanin siin je'u dhagayuu didde azaabni Rabbii si tuqu'un sodaadhe .

يَتَأْتِ إِنِّي أَخَافُ أَنْ يَمَسَّكَ عَذَابٌ مِنَ الرَّحْمَنِ

45} *Duuba ibidda keessatti aanaa sheyxa-anaa taataa qajeeli

فَتَكُونُ لِلشَّيْطَانِ وَلِيًّا ﴿٤٥﴾

*Jennaanin abbaan isaa akki je'een si yaa ibraahiim ati Rabbii khiyya jibbitee arrab-sitaa? abbaan isaa sanama tolchee gurguraa wanni je'een

*Yoo sanama kana tuquu dhiisuu baatte .

*Wallaahii sin darbadha dhaga'aan ,takkaa dubbii hamtu'uun.kana, sodaadhuu

*Narraa fagaadhu .

46}*Bara hedduu akka wanni hamtuun narra sin geenye .

*Jennaan nabi ibraahiim akki je'een naga-yaan taa'i an waa takka sin godhuu haa tayuu.

*Rabbii khiyyan siif khadha akka sii aramee si qajeelchu .

47}*Inni na jaalataa tola naa oolaa du'a a'ii naaf qeebalaa.duuba akkasitti du'aa'ii godh-eef. haa tayuu inni kufri'irratti goggoynaana istighfaara godhu'uuf ni dhiise tanaaf

*Isiniifii waan Rabbii achitti ibaaddan biraa deemetan biyya biratti gala je'ee akkasitti biyya isaanii baabilirraa shaamnitti godaane.

*Rabbii kiyyan ibaada.

48}*An ibaadaa Rabbii kiyyaa akka keessanitti dhiisuu dhabu'un kajeelaa .

*Duuba hoggaa inni isaanifii ,waan isaan Rabbii achitti gabbaran biraa deemu

*Ilma isaa ishaaqifii ilma ilma isaa ya'quub isaaf kennine ,akka isaanin booharuuf

49}*Isaan lachuu nabiyyii goone .

*Jara sadeenifuu ni kennine, itti ball'ifne,

*Hori'iifii ilmaanillee rahmata isaanii goonee .

*Jara sadeenifuu goone. Ibraahimiifii ishaaqifii ya'quubif .

قَالَ أَرَأَيْتَ أَنْتَ عَنْ آلهِتِي يَا بَرَهَيْمُ

لَيْنَ لَمْ تَنْتَه

لَا زُحْمًا

وَأَهْجُرَنِي

مَلِيًّا ﴿٤٦﴾

قَالَ سَلِمْتُ عَلَيْكَ

سَأَسْتَغْفِرُكَ رَبِّي

إِنَّهُ كَانَ فِي حَفِيًّا ﴿٤٧﴾

وَأَعْتَرَيْتُكُمْ وَمَا تَدْعُونَ مِن دُونِ اللَّهِ

وَأَدْعُوا رَبِّي

عَسَىٰ أَلَّا أَكُونَ بِدُعَاءِ رَبِّي شَقِيًّا ﴿٤٨﴾

فَلَمَّا أَعْتَرَهُمْ وَمَا يَعْبُدُونَ مِن دُونِ اللَّهِ

وَهَبْنَا لَهُ إِسْحَاقَ وَيَعْقُوبَ

وَوَلَّا جَعَلْنَا نَدِيمًا ﴿٤٩﴾

وَوَهَبْنَا لَهُم

مِن رَّحْمِنَا

وَجَعَلْنَا لَهُم

*Faaruu gaarii .

لِسَانَ صِدْقٍ

50} *Guddoo kan warri diinaa qabu hundi isaan faarsu du'aa'ii isaanif godhan

عَلِيًّا ٥٠

*Qur'aana keessatti qissaa nabi muusa`aa

وَأَذْكُرُ فِي الْكِتَابِ مُوسَىٰ

ummata keetirratti qara'i akka saniin gorfamaniif. Rabbiin suura tana keessatti maqaa anbiyaa khudhaniiti nuu dubbate, haala isaanitiin wajji isaanirra tokko nabi muusa.

*Nabi muusan nama dalagaa isaa Rabbii je'ee dalagu. inni nama Rabbiin waan hamtuu hundarraa qulqulleesse .

إِنَّهُ كَانَ مُخْلَصًا

51} *Inni nabiyi'i. ammallee ergamaa Rabbiiti.

وَكَانَ رَسُولًا نَّبِيًّا ٥١

*Isa yaamnee jirra .

وَنَدَيْنَاهُ

*Gaara xuur je'amurraa .

مِن جَانِبِ الطُّورِ

*Gaara gama mirga muusa'aatin jiru hoggaa biyya madyanirraa gara misraa deemu

الْأَيْمَنِ

52} *Nabii muusaa maqoodhaf dhiyeessinee dubbifnee jirra. gaara sanirratti Rabbiin muusaa dubbisee jira .hanga qaama isaa hundaan dhagayetti kan gamanaan dhagayee hin beyne, dubbii Rabbii dhagaye

وَقَرَّبْنَاهُ نَجِيًّا ٥٢

*Badhaasa keenyarraa muusa'aa kenninee jirra .

وَوَهَبْنَا لَهُ مِنْ رَحْمَتِنَا

53} *Obboleessa isaa haaruun isaa kenninee haaruun isaaf khennuun nabiyyii godhee muusa'aan wajji fir'awnatti ergu'u .nabi muusan nabiyyii isaaf godhee isaan wajji erguu Rabbi khadhannaan .

أَخَاهُ هَارُونَ نَبِيًّا ٥٣

*Qissaa nabi ismaa'iil qur'aana keessatti qara'i ummanni haa dhagayuu .haa gorfamaniinii.

وَأَذْكُرُ فِي الْكِتَابِ إِسْمَاعِيلَ

*{Ismaakgiil} nama baallama akkaan maakkaan dhugo'oomsu nama baallama guutu inni baallamuma seenee guutuu hin oolle, odoo anbiyoonni hundi akkas tayanuu haa tayuu haala inni akkaan beekkameentu kana

إِنَّهُ كَانَ صَادِقَ الْوَعْدِ

54} *Inni ergamaa Rabbii nabiyiida

وَكَانَ رَسُولًا نَّبِيًّا ﴿٥٤﴾

*Ummata isaa jurhum salaataatti ajajuu ture .

وَكَانَ يَأْمُرُ أَهْلَهُ بِالصَّلَاةِ

*Ammallee zakaata baafatu'utti gorsuu ture .

وَالزَّكَاةِ

55} *Inni Rabbi isaa biratti jaalatamaadha .

وَكَانَ عِنْدَ رَبِّهِ مَرْضِيًّا ﴿٥٥﴾

*Qur'aana keessatti qissaa {idriis} dubadhu.

وَأَذْكُرُ فِي الْكِتَابِ إِدْرِيسَ

56} *Inni nama dhugaa keessa hoonga gaye nabiyi'i

إِنَّهُ كَانَ صِدِّيقًا نَّبِيًّا ﴿٥٦﴾

57} *Bakka isaa ol fuunee jirra samii torba-

وَرَفَعْنَاهُ مَكَانًا عَلِيًّا ﴿٥٧﴾

nitti takkaa jaheessa'atti, takkaa afreessa'atti ol fuunee jirra takkaa jannatatti ol fuunee jirra eega du'ee jiraachifnee. akka ulamaan je'anitti anbiya'arraa namni afur nama jiru ,lama lafarra jiran: khadiirifii, ilyaasi. lama samii keessa jiran: iisa'aafii, idriisi. idriis samii afreessa'aa, keessa jira idriis abaabiyyee {nuuhi} idriis nama dura dursoo eega {aadamii} ergame inni nama dura dursoo qalamaan waa katabe kan dura dursoo huccuu hodhe, kan dura dursoo miya lolaa tolfate kan beekomsa urji'iitifii, hisaabaa qabu. kitaaba xixiqqaa seddumaatu irratti bu'e maqaan isaan ukhnuukh wanni idriis isaan je'aniinif isaatu darasaa, dura dursoo, kitaaba qaraate jecha'aafi .

*Anbiyoonni kuran dubbanne sun,

أُولَئِكَ

*Warra Rabbiin isaan badhaase, isaan qananiise,

الَّذِينَ أَنْعَمَ اللَّهُ عَلَيْهِمْ

*Isaan anbiyoota Rabbiiti ergamoota isaati,

مِنَ النَّبِيِّينَ

*Ilmaan ilmaan aadamirraa kan tayan, ilmi ilma aadam {idriis} ilma {shiisi} ilma aadamii

مِن ذُرِّيَّةِ آدَمَ

*Ammallee ilmaan ilmaan nama {nuuhgin} wajji safiinaa yaabbachiifnee kan tayan ,inni {ibraahiim} kan ilma nuuhg saamitti deebi'uu,

وَمِمَّنْ حَمَلْنَا مَع نُوحٍ

*Ammallee ilmaan ibraahiimirraa kan tayan isaan {ismaakgiilifii ,ishgaaq, yakgquub} ,

وَمِن ذُرِّيَّةِ إِبْرَاهِيمَ

*Ammallee ilmaan {yakgquub} kan tayan {israa'iil} yakgquubii isaan muusa'aafii haaruunifii zakariyya'aa yahgya'aa kgiisa'aa.

وَإِسْرَائِيلَ

*Isaan warra qajeelchinee anbiyyumma'aaf maraxannerraan kan tayan,

وَمِمَّنْ هَدَيْنَا وَاجْتَبَيْنَا

*Aayaanni Rabbii hoggaa isaanirratti qara'amte,

58} *Sujuudaf lafa dhawan booya'aa, duuba

anbiyoonni Rabbii halli isaanii akkasii isinis akka isaanii tayaa sujuudu'uufii isa sodaatu'uufii, qur'aana qara'uufii, hoggaa qaraatan booyuu keessatti, akka hadiisa keessatti dhufe {qur'aana qara'aadhaa booyaa, yoo booyuu dadhabdan akka nama booyuu if godhaa} jechuun.

*Anbiyoota san booda warri badaan isaanirraa hafe dhufee,

*Salaata dhiisanii bachiisan, isaan yahuuda'afii nasaara'aa,

*Waan lubbuun isaanii feetu jala deeman, karaa Rabbii dhiisanii cubbuu dalagan,

59} *Jarri bade sun, azaaba jabaa argu'uu jiraatan, sun laga ibidda jahannamitti darbamu'uu.

*Haa tayuu namni isaanirraa jallinarraa deebi'ee amanee,

*Waan gaarii Rabbiin itti ajaje dalage,

*Isaan jannata seenanii ,

60} *Waa takka sawaaba isaanirraa duraan ir'ifamu.

*Jannata teessumaati seenan ,

*Jannata Rabbiin gabroota isaatii kennu'uu if qabe, isaanii jannata sanirraa fagoo jiru kan ijaan hin agarre kan fago'otti itti aman, dhugo'oomsan .

61} *Wanni Rabbiin baallama namaa seene waan namni inni baallama seenef itti dhu-fuun oolle argatu'uuf jiraata, warri Rabbiin jannata godheef jannata san ni seenanii.

*Dubbi faaydaan qabne jannata san keessatti hin dhagayan ,

*Malaaykan isaanirratti salaammatuu, takkaa salaamtaa gariin isaanii gariidharratti salaammatu yoo taate malee,

إِذْ أَنْتَلَى عَلَيْهِمْ آيَاتِ الرَّحْمَنِ

خَرُّوا سُجَّدًا وَسَبِّحُوا بِحَمْدِ رَبِّكَ

فَخَلَفَ مِنْ بَعْدِهِمْ خَلْفٌ

أَصَاغُوا الصَّلَاةَ

وَاتَّبَعُوا الشَّهْوَاتِ

فَسَوْفَ يَلْقَوْنَ غِيَابًا

إِلَّا مَنْ تَابَ وَآمَنَ

وَعَمِلَ صَالِحًا

فَأُولَئِكَ يَدْخُلُونَ الْجَنَّةَ

وَلَا يُظْلَمُونَ شَيْئًا

جَنَّاتِ عَدْنٍ

الَّتِي وَعَدَ الرَّحْمَنُ عِبَادَهُ بِالْغَيْبِ

إِنَّهُ كَانَ وَعْدُهُ مَأْتِيًا

لَا يَسْمَعُونَ فِيهَا لَغْوًا

إِلَّا سَلَامًا

62} *Isaan jannata keessatti ganamaa galgala ,nyaata fedhan,dhugaatii fedhan, argatan, ci-nqi'iin male'etti.

وَهُمْ رَزَقُهُمْ فِيهَا بَكْرَةً وَعَشِيًّا ﴿٦٢﴾

*Jannanni haala isaa dubbanne sun jannata nuti kenninu, qubsiifnu, dhaalchifnu,

تِلْكَ الْجَنَّةُ الَّتِي نُورِثُ

63} *Nama gabroottan keenyarraa Rabbi so-daatee waan gaarii dalagee waan hamtu'urraa fagaate.

مِنْ عِبَادِنَا مَنْ كَانَ تَقِيًّا ﴿٦٣﴾

*Nabi Muhammad jibriilin maa nu ziyaa-

وَمَا نَنْزِلُ إِلَّا بِأَمْرِ رَبِّكَ

ruu hin heddommeessine jennaan jibriil akki je'een nuti malaaykan amrii Rabbii keetitiin sami'ii dachi'itti gad buunaa, hanga inni bu'aa je'erra idaanee bu'uu hin dandeenyu je'een,

*Wanni nu dura jiru tan aakhira'aa ta Rabbiiti,

لَهُ مَا بَيْنَ أَيْدِينَا

*Wanni nu duuba jiru,tan addunya'aa ta Rabbiiti,

وَمَا خَلْفَنَا

*Kan waan san jidduu jiru qabu isa , kan

وَمَا بَيْنَ ذَلِكَ

waan nu duraatifii, waan nu boodaa adda babaasee beekhu kan wahayyuufuu hanga godhe Rabbii keetii, sirraa turuun waan Rabbiin beekkefi malee si jibbu'uufi miti,

64} *Rabbiin kaa, ka si irraanfatu yookaa si dhiisu hin taane akka aayata biraa keessatti { مَا وَدَّعَكَ رَبُّكَ وَمَا قَلَى } je'e Rabbiin kee ziyaaraa jibriil sirraa tursiisun si dhiisu'uuffii miti, ammallee si jibbu'uuffii miti je'e.

وَمَا كَانَ رَبُّكَ نَسِيًّا ﴿٦٤﴾

*Rabbiin isa dachi'ii samii uumee qabu,

رَبِّ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Kan waan sami'iifii dachii jidduu jiru hunda uumee qabu,

وَمَا بَيْنَهُمَا

*Ibaadaa isatti jabaadhu,

فَاعْبُدْهُ

*Ibaadaa Rabbirratti obsi cingii namaafii waan birarraa sitti argamtuuf hin yaaddawinii obsi,

وَأَصْطِرْ لِعِبَادَتِهِ

65} *Nama Rabbi fakkaatu {kan allaah} je`-

هَلْ تَعْلَمُ لَهُ سَمِيًّا ﴿٦٥﴾

amee yaamame yookaa {Rabbii dachi'ii sami'ii} je'amee ni beytaa?hin beytu jechu'u, waan Rabbiin zaatafii sifaafii, dalagaa keessatti waan isatti qixxaatu,

yookaa fakkaatu hin qabneef, tanaaf jecha isa malee namni ibaadaa haqa godhatu hin jiruu isuma gabbarii, irratti obsii, isatti irkadhu.

*Namni eega du'anii, kaafamanii gaafatamuu ehamuu didu ni je'a,

وَيَقُولُ الْإِنْسَانُ

66} *Si yoonan du'e jiraadhetan qabri'ii kaafamu'uu isaa hin kaafamu, hin jiraadhu jechu'u, duuba Rabbiin taa'aa ?akkana jechuun isaa isarratti deebisee akki je'e.

أَءِذَا مَاتُتُ لَسَوْفَ أُخْرَجُ حَيًّا ﴿٦٦﴾

*Si namni akkas je'u sun hin yaadatuu?,

أَوْلَا يَذْكُرُ الْإِنْسَانُ

67} *Akka nuti isaa wahi hin je'amne isaan

أَنَا خَلَقْتَهُ مِنْ قَبْلُ وَلَمْ يَكُ شَيْئًا ﴿٦٧﴾

jirre isa uumnee, jiraatee wahi je'ame ,yaadatee isuma duraan na uumetu ammas lammada na deebisa je'ee hin beekhuu? jalqaba isaa deebisuu isaatif ragaan godhatuu?.

*Rabbii keetin sii khakhadhee warra qabri'ii kaafamuu dhugo'oomsuu didu san qabri'ii kaafneti walitti qabna,

فَوَرَبِّكَ لَنَحْشُرَنَّهُمْ

*Sheyxaana isaanitiin wajji, shanshalataan hiinee,

وَالشَّيَاطِينِ

*Eegasii moggaa jahannamitti walitti isaan qabna,

ثُمَّ لَنَحْضِرَنَّهُمْ حَوْلَ جَهَنَّمَ

68} *Isaanii jilbiinfatu.

حَيًّا ﴿٦٨﴾

*Eegasii ni fuuna, ni luqifna,

ثُمَّ لَنَنْزِعَنَّ

*Ummata hundarraa humnaan fuuna,

مِنْ كُلِّ شِيعَةٍ

69} *Kan isaanirraa akkaan Rabbitti dilaaye, kan akkaan Rabbitti jallatuu jabeesse , laalleti keessaa fuuna

أَيُّهُمْ أَشَدُّ عَلَى الرَّحْمَنِ عَنِيًّا ﴿٦٩﴾

70} *Eegasii nama isaanirraa dura dursoo ibiddatti darbamuu haqa godhatu, kan dura seenu'uun male nuutu beekhaa ,akkuma walirra cubbuu, yookaa dili guddataniin dur sinee ibiddatti darbina .

ثُمَّ لَنَحْنُ أَعْلَمُ بِالَّذِينَ هُمْ أَوْلَىٰ بِهَا صِلِيًّا ﴿٧٠﴾

*Hundi keessan kaafira tayuu mu`mina ta-

وَإِنْ مِنْكُمْ إِلَّا وَارِدُهَا

yuu ibiddarra fidamuun ooltan ibidarra fidamuun seenu'u, mu'minni yoo seene ibiddi isan gubuu qabbana tayaaf, eegasii ni baya, haa tayuu irra hedduun ula-

ma'aa akki je'u:makgnaan ibiddarra fidama'uu dildilli {siraaxa} je'amu ibid-darra dhaabamee kaafiraafii mu'minni irra yaa'u'u, duuba mu'minni isarraan jannatatti dabraa,kaafirri itti kukkufa,hookkoo malaaykan achirra dhaabbattu harkaa qabduun butamee,

71} *Hundi keessan ibiddarra fidamuun kun, waan Rabbiin ni taya je'ee khakhatee dabarsee tayuun oolu .

كَانَ عَلَىٰ رَبِّكَ حَتْمًا مَّقْضِيًّا ﴿٧١﴾

*Eega hundi ibidda seenee warra Rabbitti amane ibidda sanirraa nagaya baafna, odo waa takka isaan hin gubin, takkaa eega hanga dilii isaanii gubatanii irraa baafna, karaa shafaa'aa anbiyootaa fa'aan,

72} *Warra Rabbitti kafare ibidda keessatti dhiifna, isaanii ibidda keessatti jilbiinfatu.

ثُمَّ نَجَّيْنَا الَّذِينَ اتَّقَوْا

*Hoggaa aayaanni qur'aana keenyaa kan haqa addeessu, kuffaarafii mu'minarratti qarra'ame,

*Warri kafare warra mu'minaatin akki je'u,

*Nuufii isin kamtu manaan irra caala,

73} *Nuufii isinirraa eenyutu bakka gaarii

taa'anii haasawan, jamaa'aa hedduu irra qaba? nuutu addunyaa tanaan isinirra caalaa aakhira'attis akkasi, silaa odo aakhira'atti nurra caaltanii Rabbiin mannaafii horii addunyaa tanarratti isinii kenneeti nurra isin caalchisaa jechuu isaaniti, wanni isaan yaadan orma islaamaa ka waan qabne shakkisiisuu ,karaa biraatin qur'aana dura dhaabbatuu dadhabnaan. duuba Rabbiin isaanirratti deebisee akki je'e .

وَنَذَرُ الظَّالِمِينَ فِيهَا جِثِيًّا ﴿٧٢﴾

وَإِذْ أَنْتَلَىٰ عَلَيْهِمْ آيَاتُنَا بَيِّنَاتٍ

قَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا لِلَّذِينَ آمَنُوا

أَيُّ الْفَرِيقَيْنِ خَيْرٌ مَّقَامًا

وَأَحْسَنُ نَدِيًّا ﴿٧٣﴾

*Meeqaatami ummanni isaan duraa kan nuti lafarraa fin'e,

*Kan jarri sun isaanirraa horiidhafii ,mee-shaa jiru'uu qabu

74} *Kan jara kanarra argaa tolan suuraa ba-reedan duuba akkuma jara sanuu fin'e waan isaan Rabbitti kafaraniif jecha, jara kanas fin'a.

وَلَمَّا أَهَلَّ كُنَّا بِقَبْلِهِمْ مِّن قَرْنٍ

هُمْ أَحْسَنُ مَقَامًا

وَرَاءَ يَا ﴿٧٤﴾

*Akki orma kuffaaraa saniin jettu nama jallina keessa jiru,

قُلْ مَنْ كَانَ فِي الضَّلَالَةِ

*Rabbiin addunyaa ni ida'aaf, umrii dheere-
ssee, hori'iifii ilmaan isaa heddommeysee
,akkaataa addunyaa itti dalagatu isaaf laaf-
fisee ,hanga Rabbiin jaalala tiyyaaf naa ken-
nee seyutti,

فَلْيَسُدِّدْ لَهُ الرِّجْلَيْنِ مَدًّا

*Hanga hoggaa balaa Rabbiin isaanitti buu-
su'uu, baallama seene arganitti, balaan isaa-
nitti buutu,kan baallamni isaanii godhame,

حَتَّىٰ إِذَا رَأَوْا مَا يُوعَدُونَ

*Takkaa addunyaa tanarratti ajjeefamu' yo-
okaa boojiyamu' ,

إِمَّا الْعَذَابَ

*Takkaa qiyaaman dhaabbatee aakhira'atti
ibidda seenuu,

وَإِمَّا السَّاعَةَ

*Duuba gaafas nama manni isaa irra ham-
a'aa beeku'uuf jiraatan isaanifii mu'mi-
narraa

فَسَيَعْلَمُونَ مَنْ هُوَ شَرٌّ مَّكَانًا

75} *Ammallee nama tumsa irra laafu kan

وَأَضَعُفٌ جُنْدًا ﴿٧٥﴾

nama irra xiqqaatu beekhu'uuf jiraatan, isaanimoo mu'minaa beekhu'uf taa'an,
tumsi kuffaaraa shayaaxiina ammoo tumsi mu'minaa malaaykaadha tanaaf
jecha mu'minaatu mana irra tolaa tumsa irra jabaata .

*Rabbiin warra amaneef iimaana ida'a ,akk-
uma aayaanni buutun,iimaanni isaanii ida'a-
ma, waan itti dalaganiif jecha,

وَيَزِيدُ اللَّهُ الَّذِينَ أَحْتَدَوْا هُدًى

*Dalagaa gaarii sawaabni isi'ii aakhira'atti
namaa hafuutu,faaya addunya'aa kan kuffa-
arri qanani'uun kanarra caala,

وَالْبَقِيَّةُ الصَّالِحَاتُ خَيْرٌ عِنْدَ رَبِّكَ ثَوَابًا

76} *Ammallee wanni gaarin namni addu-
nya'arratti dalagatu,takkaa salaata shananii,
irra caalaa, bakka namni itti deebi'uuti .

وَخَيْرٌ مَّرَدًّا ﴿٧٦﴾

*Namicha aayata keenyatti kafare gartee
mee ajaa'iba godhi waan inni je'u,

أَفْرَأَيْتَ الَّذِي كَفَرَ بِآيَاتِنَا

77} *Wanni inni je'u eegan du'ee hin kaa-
famu yoonan ammoo kaafame hori'iifii joo-
lee heddu'un achitti argadha je'a duuba Ra-
bbiin irratti deebisee akki je'e.

وَقَالَ لَاؤْتِيكَ مَا لَا وُلْدًا ﴿٧٧﴾

*Si kaafirtichi sun,waan ganaa dhufaa taa'u,
kan Rabbi malee namni hin beyne san arg-
eeti akkas je'amoo,

أَطَّلَعَ الْغَيْبَ

78} *Takkaa Rabbiitu waan san siifan kenna
je'ee baallama isaaf seene kan sanii jecha

أَمْ أَخَذَ عِنْدَ الرَّحْمَنِ عَهْدًا ﴿٧٨﴾

akkas je'u'?

*Lakkii ,hori'iifii ilmaan aakhira'atti isaaf hin kennamu,

*Waan inni je'u san ni katabna akka waan san katabne isa beysisu'uuf jiraanna isa xiqqeesu'uuf.

79} *Sababaa waan inni je'ee saniin azaaba kufri'irratti azaaba biraa isaaf idaana.

*Waan inni je'u irraa dhaalla isa ajjeefnee isaa waan qabu hundarraa qulla'aa, addunyaan tanarraa aakhira'atti galchinee,

80} *Duuba guyyaa qiyaama'aa kophaa isaa horiidhafii ilmaan malee nutti dhufa .

*Ormi kuffaaraa sun waan Rabbiin tayin Rabbi godhatanii gabbaran, waan akka namaa , jinni'ii, dhaga'aa, mukhaati ibaadan ,

81} *Akka isaan shafa'anii azaaba isaanirraa dhowwaniif.

*Lakkii, ibaadan isaan, waan Rabbi hin tayin ibaadan, azaaba isaanirraa hin dhowwitu,

*Wanni isaan Rabbii achitti ibaadan sun ,ibaadaa isaanitti kafaru'uu taa'an, nun ibaanne je'aniiti waakkatu'uu taa'an guyyaa qiyaama'aa .

82} *Wanni Rabbii achitti isaan ibaadan sun

xilaata warra isaan ibaadeti tayan, diddaa isaaniti deeman , warra {iisaa} gabbaruun, {iisan} lakkii isin nan gabbare je'a, jinninis, mukhninis , malaaykanis, lakkii nun ibaanne , warra isaan ibaadun, je'an, takkaayuu jetti .

*Si akka nuti shayaaxiina kuffaararratti moosifne hin agarree?,

83} *Kan dilii dalagu'utti kuffaara kaaftu , itti mi'eessitee.

*Isaanitti hin jarjarin azaabni isaanitti isaa-

كَلَّا

سَنَكْتُبُ مَا يَقُولُ

وَنَمُدُّ لَهُ مِنَ الْعَذَابِ مَدًّا ٧٩

وَنَرْتُهُمَا يَقُولُ

وَيَأْتِينَا فَرْدًا ٨٠

وَاتَّخَذُوا مِنْ دُونِ اللَّهِ آلِهَةً

لِيَكُونُوا لَهُمْ عِزًّا ٨١

كَلَّا

سَيَكْفُرُونَ بِعِبَادَتِهِمْ

وَيَكُونُونَ عَلَيْهِمْ صِدْدًا ٨٢

أَلَمْ تَرَ أَنَّا أَرْسَلْنَا الشَّيَاطِينَ عَلَى الْكَافِرِينَ

تُوزَعُ لَهُمْ رِزْقُهُمْ إِذَا تَوَلَّوْا ٨٣

فَلَا تَعْجَلْ عَلَيْهِمْ

nitti bu'uu barbaadu'uun akka siifii warri mu'minaa isaanirraa hara baafattanii, dachiin badii isaanirraa qulqullooytuf, yaada kanalle'een azaabni itti bu'uu hin barbaadin ,

84}*Isaan addunyaa tana keessa hanga jiraatan qabani ,nuti guyya'aafii halkan isaanii lakkooynaa takkaa hafuura isaaniti lakkooynaa hanga waytiin isaan azzabaman geesutti sun waytii isaan du'anii.

إِنَّمَا نَعُدُّ لَهُمْ عَدًّا ٨٤

85}*Guyyaa warra Rabbi sodaatee, amanee

,gara Rabbii isaanii yaabbatu oofnu dubbadhu, sun hoggaa qabri'ii kaafamanii gara dirree qiyaama'aa yaa'anii, takkaa hoggaa dirree qiyaama'aa dhaabbatanii gara jannata yaa'anii .

يَوْمَ نَحْشُرُ الْمُتَّقِينَ إِلَى الرَّحْمَنِ وَفَدًّا ٨٥

*Warra kafare, sababaa isaan kafaraniif gara jahannam oofna,

وَنَسُوقُ الْمُجْرِمِينَ إِلَىٰ جَهَنَّمَ

86}*Isaanii lafa yaa'u, kan dheebun laagaa goggoysite.

وَرَدًّا ٨٦

*Namni nama isa shafa'u qabu hin jiru,

لَا يَمْلِكُونَ الشَّفْعَةَ

87}*Nama baallama Rabbi bira khaayate yoo taate male, sun shahaadaa lamaan qabatu'uu , ammallee waan gaarii dalagu'uu namni sun shafaa'aa ni argata .

إِلَّا مَنِ اتَّخَذَ عِنْدَ الرَّحْمَنِ عَهْدًا ٨٧

88}*Yahuuda'aafii nasaaran akkasuma wa-

وَقَالُوا اتَّخَذَ الرَّحْمَنُ وَلَدًا ٨٨

nni malaaykan dubra Rabbiitu je'u: Rabbiin ilmoo qabaa je'an, yahuudan namichi {uzeyri} je'amu tokko, ilma Rabbiiti jettee, nasaaran {iisan} ilma Rabbiiti jettee, duuba Rabbiin akki isaanin je'e.

89}*Dhugumaan jecha hamaa bada'aan dhuffan, takkaayuu jettan.

لَقَدْ جِئْتُمْ شَيْئًا إِذَا ٨٩

*Hammeenya waan isaan je'anirraa samiin dhooyu'uuf dhiyaatte,

تَكَادُ السَّمَوَاتُ يَنْفَطَرْنَ مِنْهُ

*Dachiinis dhooyu'uuf dhiyaatti,

وَتَنْشَقُّ الْأَرْضُ

90}*Gaarrinis jijjigee lafa dhayu'uuf dhiyata, isaanirraa kukkufu'uuf.

وَتَحْرُ الْجِبَالُ هَذَا ٩٠

91}*Sababaa isaan Rabbiin ilmoo qaba je'aniif .

أَنْ دَعَوْا لِلرَّحْمَنِ وَلَدًا ٩١

92}*Rabbiin ilmo qabaatun waan isaan hin

وَمَا يَنْبَغِي لِلرَّحْمَنِ أَنْ يَتَّخِذَ وَلَدًا ﴿٩٢﴾

malle,ayli'iifii waan biralle'een maamaalif,ilmoon alaamaa laafinaati, haaja'aatu itti nama geessa,ammas ilmo'oofii abbaan wal fakkaatu'urraa hafiinsi hin jiru, ammoo Rabbiin kan fakkaataa ammallee hiriyaan hin qabne, dureessa waa takkattin haajamne.

*Wanni sami'ii dachii keessa jiru hundi

إِنَّ كُلَّ مَنْ فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

93}*Kanneen Rabbiif gad je'anii , gabrumma'aan guyyaa qiyaama'aa Rabbitti dhufan malee hin taane.

إِلَّا آتَى الرَّحْمَنُ عَبْدًا ﴿٩٣﴾

94}*Waan dachi'ii samii keessa jiru hunda

لَقَدْ أَحْصَيْنَاهُمْ وَعَدَّهُمْ عَدًّا ﴿٩٤﴾

Rabbiin Rabbiin lakkooyisa isaanii beekhee jira,tokko tokkoon waa takka isarraa hin dhokhattu zaata isaanitiifii dalagaa isaanitiifii, ammallee wanni biraa hundi isarraa hin dhokhattu.

95}*Hunda isaanii tokko tokkoon kan horiin bira hin jirre,kan tumsi,ilmaan bira hin jirre guyyaa qiyaama'aa Rabbitti dhufan.

وَكُلُّهُمْ آتِيهِ يَوْمَ الْقِيَامَةِ فَرْدًا ﴿٩٥﴾

*Warri Rabbitti amanee waan gaarii dalage ,

إِنَّ الَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

96}*Rabbiin {waaqni} wal isaan jaalachiisa namaafii Rabbillee isaan jaalachiisa.

سَيَجْعَلُ لَهُمُ الرَّحْمَنُ وُدًّا ﴿٩٦﴾

*Wanni qur'aana kana afaan kee kan arabatin buufnee laaffifneef,

فَأِنَّمَا يَسْتَرْزَنهُ بِلِسَانِكَ

*Akka warra Rabbi sodaatee amane jannataan gammachiiftee ,

لِتُبَشِّرَ بِهِ الْمُتَّقِينَ

97}*Ammalle qur'aana kanaan,warra haqa moromo azaaban sodaachiftuufi .

وَتُنذِرَ بِهِ قَوْمًا لَدًّا ﴿٩٧﴾

*Ummata hedduudhatu kan isaan dura lafarraa fin'e jira sababaa isaan ergamoota kenya khijibsiisaniif .

وَكَمْ أَهْلَكْنَا قَبْلَهُمْ مِنْ قَرْنٍ

*Ummata fin'e sanirraa nam tokko agarta?,

هَلْ تُحِشُّ مِنْهُمْ مِنْ أَحَدٍ

98}*Takkaa hasassii isaanii takkaa shokko-

أَوْ تَسْمَعُ لَهُمْ رِكْزًا ﴿٩٨﴾

msaa isaanii dhageessaa? waa takka isaanirraa hin agartu hin dhageessu jechu'u .waan hunda isaanii,lafarraa dhabamsiifef jecha duuba warra amma natti kafaree ergamaa kiyyaa Muhammad khijibsiise akkasitti lafarraa fin'aa, yoo amanuu baatanii. azaaba san sodaatanii haa amananii yoo ifii nayan .